IslamHouse.com

Oromo
Oromoo
أورومو

# BURHAAN
## Ragaa Rabbiin Kadhachuun Dirqama Ta'uu

Qopheessaan
**Abdullaah bin Abdurrahmaan Assa'ad**

Hiikkaan
**Gaalii Abbaa Boor Abbaaguumaa**

Gulaalaan
**Shekh Jamaal shekh Muhammad**

# البرهان

## في وجوب اللجوء
## إلى الواحد الديان


**تأليف**

عبدالله بن عبدالرحمن السعد

**ترجمة**

الداعية غالي أبابور

**مراجعة**

الداعية جمال محمد أحمد



Oromo

Oromoo

أورومو

ⓒ المكتب التعاوني للدعوة والإرشاد و توعية الجاليات بالربوة، ١٤٤١هـ

**فهرسة مكتبة الملك فهد الوطنية أثناء النشر**

مركز أصول للمحتوى الدعوي

البرهان في وجوب اللجوء إلى الواحد الديان – اللغة الأورومية. / مركز أصول للمحتوى الدعوي؛ علي ابابور.- الرياض، ١٤٤١هـ

٤٨ ص، ١٢ سم x ١٦,٥ سم

ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٢٤٩-٨٦-٤

١- الايمان (الاسلام)　　٢- الوعظ والارشاد　　أ. ابابور، علي (مترجم)

ب- العنوان

**ديوي ٢٤٠　　١٤٤١/٢٩٠١**

**رقم الايداع: ١٤٤١/٢٩٠١**

**ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٢٤٩-٨٦-٤**

This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.

+966 11 445 4900

+966 11 497 0126

P.O.BOX 29465 Riyadh 11457

osoul@rabwah.sa

www.osoulcenter.com

بسم الله الرحمن الرحيم

Bismillaahi
Rrahmaani Rrahiim

# YAADAA GULAALAA

Kitaabni **burhaan ragaa Rabbiin kadhachuu** jedhamu kuni irra filatamaa kitaabban keessa isa tokko. Abbaan isa qopheesses sheikh Abdallah abdurrahmaan assa'id Rabbi irraa haajaalatu. Ustaaz gaalii abbaaboor carraaqa jabaa godhee afaan keenya afaan oromootti hiikee akka ummanni keenya waayee diin isaa afaan isaatiin dubbisee hubatu godhe. Rabbiin kan kqopheesseefii kan hikes isaan lameenu irraa haajaalatu, jannataanis galata haa galchuuf. Nutis gulaallee maxxansaafii karaa interneetiinis raabsinee akka ummata keenya bira gayu goone. Rabbiin nurraa haaqeebalu. Dhumarratti ummata keenyaa hundaan keessaattu dargaggootaafii barattootaan kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinii dhaamsa dabarsina. Jaarraan jirru jaarraa beekkomsaa, saayinsiifii teeknoloojii waan taheef barnoota islaamaarratti akka jjajjabaattan isiniin jennaa. Barnootaafii ogummaa qabdaniinis diin keessan akka tajaajiltan isin yaadachiisna.

**Shekh Jamaal shekh Muhammad shekh Ahmad**

**shekhjamal@yahoo.com**

1

إن الحمد لله نحمده، ونستعينه، ونعوذ بالله من شرور أنفسنا وسيئات أعمالنا، من يهده الله فلا مضل له، ومن يضلل فلا هادي له. (أما بعد)،

Maqaa Rabbii akkaan mararfataa akkaan rahmata godhaa ta'eetiin

Dhugumatti faaruun hunduu kan Rabbiiti. Isa faarsina. Isa gargaarsifannas. Araaramas isarraa barbaanna. Hamtuu lubbuu keenyaatiifi yakka hojii keenyaa irraa Rabbitti maganfanna. Nama Rabbiin isa qajeelche wanti jallisu hin jiru. Nama inni jallise wanti qajeelchu hin jiru. "Dhugaan gabbaramaan isa malee hin jiru; Inni tokkicha hiriyaa hin qabne" jechuu ragaan baha. Akkasuma Muhammad ﷺ gabricha Rabbiifi ergamaa Isaa ta'uu ragaan baha. Rahamanni Rabbiifi nageenyi Isaa isaan, maatii isaanii, sahaabota isaaniifi warra hanga Guyyaa Qiyaamaatti haala gaariin isaan hordofan irra haa jiraatu.

## Kana booda:

Rakkoo ummata keessa baballatee argamu keessaa tokko haajaa baasuu, rakkoo furuu, muddamaaf birmachuu,

dhukkubsataa fayyisuufi ilmaan sooruu kan Rabbiin qofti danda'u keessatti wanta Isa malee jiru kadhachuudha. Kun amantii Islaamaa keessatti haraama ta'uun shakkii tokko hin qabu. Inumaayyuu inni amantii wallaalaafi Rabbitti qindeessuu keessaa isa tokko.

# Ragaan Wanti Kun Badii Ta'uu Kallattii Kudhaniin

2

## 1ffaa:

Rabbiin ol ta'e waan isaan ala jiru kadhachuu irraa Nabiyyii ﷺ isaa ni dhorge:

﴿ وَلَا تَدْعُ مِن دُونِ ٱللَّهِ مَا لَا يَنفَعُكَ وَلَا يَضُرُّكَ فَإِن فَعَلْتَ فَإِنَّكَ إِذًا مِّنَ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴾

[يونس: ١٠٦]

***"Rabbii gaditti waan si hin fayyadneefi si hin miine hin kadhatin (gabbarin). Yoo akkas hojjatte, dhugumatti ati yoos miidhaa hojjattoota irraa taata."*** [Yuunus: 106]

Ammas Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿ وَمَنْ أَضَلُّ مِمَّن يَدْعُواْ مِن دُونِ ٱللَّهِ مَن لَّا يَسْتَجِيبُ لَهُۥٓ إِلَىٰ يَوْمِ ٱلْقِيَٰمَةِ وَهُمْ عَن دُعَآئِهِمْ غَٰفِلُونَ ۝٥ وَإِذَا حُشِرَ ٱلنَّاسُ كَانُواْ لَهُمْ أَعْدَآءً وَكَانُواْ بِعِبَادَتِهِمْ كَٰفِرِينَ ﴾

[الأحقاف: ٥-٦]

***"Nama Rabbiin ala waan hanga Guyyaa Qiyaamaatti homaa isaaf hin owwaanneefi isaan kadhaa isaanii irraa dagatoo ta'an gabbaru caalaa jallataan eenyu? Yeroo namoonni walitti qabaman diinota isaaniif ta'u. Ibaadaa isaaniittis kafaroo ta'u."*** [Al-Ahqaaf: 5-6]

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿ وَأَنَّ ٱلْمَسَٰجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُوا۟ مَعَ ٱللَّهِ أَحَدًا ﴾ [الجن: ١٨]

***"Masjiidonni kan Rabbiiti; Rabbii wajjin homaa hin waammatinaa."*** [Aljinni: 18]

Aayattoonni hiika kana qaban baay'eedha.

## 2ffaa:

Rabbiin guddatee ol ta'e waan isaan ala jiru dhiisanii isa qofa gabbaruu ajaje.

Ni jedhe:

﴿ وَقَالَ رَبُّكُمُ ٱدْعُونِىٓ أَسْتَجِبْ لَكُمْ ۚ إِنَّ ٱلَّذِينَ يَسْتَكْبِرُونَ عَنْ عِبَادَتِى سَيَدْخُلُونَ جَهَنَّمَ دَاخِرِينَ ﴾ [غافر: ٦٠]

***"Gooftaan keessan ni jedhe: 'Na kadhaa; isiniifiin owwaadhaa. Dhugumatti, isaan ana gabbaruu irraa boonan salphattoota ta'anii jahannam seenuuf jiru."*** [Ghaafir: 60]

Rabbiin ni jedhe:

﴿ وَإِذَا سَأَلَكَ عِبَادِى عَنِّى فَإِنِّى قَرِيبٌ ۖ أُجِيبُ دَعْوَةَ ٱلدَّاعِ إِذَا دَعَانِ ۖ فَلْيَسْتَجِيبُوا۟ لِى وَلْيُؤْمِنُوا۟ بِى لَعَلَّهُمْ يَرْشُدُونَ ﴾ [البقرة: ١٨٦]

***"Yeroo gabroonni kiyya Ana irraa si gaafatan 'dhugumatti, Ani isaanitti dhihoodha. Kadhaa kadhataatiif yeroo inni na kadhate nan owwaadha' [jedhi]. Akka qajeelaniif jecha naaf haa owwaatanu; nattis haa amananu."*** [Albaqaraa: 186]

Ammas Rabbiin ni jedhe:

﴿أَمَّن يُجِيبُ ٱلۡمُضۡطَرَّ إِذَا دَعَاهُ وَيَكۡشِفُ ٱلسُّوٓءَ وَيَجۡعَلُكُمۡ خُلَفَآءَ ٱلۡأَرۡضِۗ
أَءِلَٰهٞ مَّعَ ٱللَّهِۚ قَلِيلٗا مَّا تَذَكَّرُونَ﴾ [النمل:٦٢]

***"Sila Isa yeroo namni rakkataan (muddamaan) Isa kadhate jalaa owwaatee hamtuu saaqufi bakka bu'oota dachii isin taasisu [moo waan isaan Rabbitti qindeessantu caala?] Sila Rabbii wajjin gabbaramaan biraa ni jiraa? Hangi isin gorfamtan xiqqaadha."*** [Annaml: 62].

Sila qaamni biraa kan Rabbii waliin kana gochuu danda'u ni jiraa? Deebiin isaa: hin jiru; Rabbuma qofatu danda'a kan jedhuudha.

Ammas Rabbiin ni jedhe:

﴿قُلۡ أَمَرَ رَبِّي بِٱلۡقِسۡطِۖ وَأَقِيمُواْ وُجُوهَكُمۡ عِندَ كُلِّ مَسۡجِدٖ وَٱدۡعُوهُ
مُخۡلِصِينَ لَهُ ٱلدِّينَۚ كَمَا بَدَأَكُمۡ تَعُودُونَ﴾ [الأعراف: ٢٩]

***"Gooftaan kiyya haqatti ajaje. Masjida hunda biratti fuula keessan [ibaadaaf gara isaa] sirreessaa. Amantii keessan isaaf qulqulleessaa haala taataniin isa gabbaraa. Akkuma isin jalqabetti deebitu' jedhi."*** [Al-A'araaf: 29].

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿هُوَ ٱلۡحَيُّ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ فَٱدۡعُوهُ مُخۡلِصِينَ لَهُ ٱلدِّينَۗ ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ رَبِّ
ٱلۡعَٰلَمِينَ﴾ [غافر: ٦٥]

***"Inni jiraataadha. Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru. Kanaafuu amantii Isaaf qulqulleessaa, Isa kadhaa. Faaruun kan Rabbii, Gooftaa aalama hundaa ta'eeti."*** [Ghaafir: 65]

Rabbiin ni jedhe:

﴿ٱدۡعُواْ رَبَّكُمۡ تَضَرُّعٗا وَخُفۡيَةًۚ إِنَّهُۥ لَا يُحِبُّ ٱلۡمُعۡتَدِينَ ٥٥ وَلَا تُفۡسِدُواْ فِي ٱلۡأَرۡضِ بَعۡدَ إِصۡلَٰحِهَا وَٱدۡعُوهُ خَوۡفٗا وَطَمَعًاۚ إِنَّ رَحۡمَتَ ٱللَّهِ قَرِيبٞ مِّنَ ٱلۡمُحۡسِنِينَ﴾ [الأعراف: ٥٥-٥٦]

***"Gooftaa keessan gadi of qabuufi dhoksaadhaan kadhaa. Dhugumatti, Inni daangaa dabritoota hin jaalatu. Dachii irratti erga isheen toltee booda hin balleessinaa. Sodaafi kajeellaadhaan Isa kadhaa. Dhugumatti, rahmanni Rabbii warra toltuu hojjatanutti dhihoodha."*** [Al-A'araaf: 55-56]

Abdullaah bin Abbaas irraa odeeffamee ﵄ ni jedhe: booda Ergamaa Rabbiin ﷺ turee ni jedhan:

«يَا غُلامُ! إنِّي مُعَلِّمُكَ كَلِمَات: احْفَظِ اللهَ يَحْفَظْكَ، احْفَظِ اللهَ تَجِدْهُ تُجَاهَكَ، وَإِذَا سَأَلْتَ فَاسْأَلِ اللهَ، وَإِذَا اسْتَعَنْتَ فَاسْتَعِنْ بِاللهِ، وَاعْلَمْ أَنَّ الأُمَّةَ لَوِ اجْتَمَعُوا عَلَى أَنْ يَنْفَعُوكَ، لَمْ يَنْفَعُوكَ إلا بِشَيْءٍ قَدْ كَتَبَهُ اللهُ لَكَ، وَلَوِ اجْتَمَعُوا عَلَى أَنْ يَضُرُّوكَ، لَمْ يَضُرُّوكَ إِلا بِشَيْءٍ قَدْ كَتَبَهُ اللهُ عَلَيْكَ، رُفِعَتِ الأَقْلامُ، وَجَفَّتِ الصُّحُفُ».

**"yaa gurbaa ani himoota wahiin si barsiisa. Rabbiin tiksi Rabbiinis si tiksa. Rabbiin tiksi fuuldura keetti isa argita.**

**Yeroo kadhattu Rabbiin kadhu. Yeroo gargaarsifattu Rabbiin gargaarsifadhu. Beeki ummanni hunduu osoo waan tokkoon si fayyaduuf walitti qabamanii waan Rabbiin siif barreesseen malee si hin fayyadan. Odoo waan tokkoon si miidhuuf walitti qabamaniis waan Rabbiin sirratti barreesseen malee si hin miidhan. Qalamni barreeffama irraa kaafamteetti. Waraqaanis gogeera.”** Tirmiziitu gabaase.

Sananni isaa gaariidha. Tirmiziin hasan sahiiha jedhe.

## 3ffaa:

Rabbiin kitaaba isaa guddaa keessatti akka namni waan biraa waammate kufriifi shirkii keessa seenu nutti himeera.

Rabbiin ni jedhe:

﴿ وَمَن يَدۡعُ مَعَ ٱللَّهِ إِلَٰهًا ءَاخَرَ لَا بُرۡهَٰنَ لَهُۥ بِهِۦ فَإِنَّمَا حِسَابُهُۥ عِندَ رَبِّهِۦٓۚ إِنَّهُۥ لَا يُفۡلِحُ ٱلۡكَٰفِرُونَ ﴾ [المؤمنون: ١١٧]

***“Namni Rabbii wajjin odoo ragaa isa irratti hin qabne, gabbaramaa biraa kadhatu (gabbaru), qormaanni isaa Gooftaa isaa bira jira. Dhugumatti, kaafiroonni hin milkaa’anu.”*** [Almu’uminuun: 117].

Akkuma aayaticha keessa jiru namni kana hojjate warra Rabbitti kafare keessatti ramadama.

Rabbiin ni jedhe:

﴿قُلۡ إِنَّمَآ أَدۡعُواْ رَبِّي وَلَآ أُشۡرِكُ بِهِۦٓ أَحَدٗا﴾ [الجن:٢٠]

***"wanti ani gabbaru Gooftaa kiyya qofa; homaa Isatti hin qindeessu' jedhi."*** [Aljinni: 20].

Kana jechuun uumama biraa isaa wajjin kadhachuudhaan isatti hin qindeessuudha.

## 4ffaa:

Rabbiin uumamni tokko sadarkaan isaa hanga fedhe yoo ga'e Rabbiin biratti waan inni isaaniif eeyyame malee homaa hin danda'anuu ibse. Isaanuu gara isaatti haajomu. Isaan namootuma akka keenyaati. Wanti namoota mudatu isaanis ni mudata. Ni nyaatu ni dhugu. Ni dhukkubsatu ni du'u.

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ أَنتُمُ ٱلۡفُقَرَآءُ إِلَى ٱللَّهِۖ وَٱللَّهُ هُوَ ٱلۡغَنِيُّ ٱلۡحَمِيدُ﴾ [فاطر: ١٥]

***"Yaa namootaa! Isinumatu gara Allaahtti haajamoodha; Allaahn Inni dureessa faarfamaadha."*** [Faaxir: 15]

Rabbiin ol ta'e jecha Muusaa nutti himee ni jedhe:

﴿فَقَالَ رَبِّ إِنِّي لِمَآ أَنزَلۡتَ إِلَيَّ مِنۡ خَيۡرٖ فَقِيرٞ﴾ [القصص: ٢٤]

***"yaa Gooftaa kiyya! Dhugumatti, ani toltuu irraa waan Ati naaf murteessitetti haajomaadha"*** [Alqasas: 24].

Rabbiin ol ta'e Ibraahiim irraas nuuf himee ni jedhe:

﴿وَإِذَا مَرِضْتُ فَهُوَ يَشْفِينِ﴾ [الشعراء: ٨٠]

***"yeroo ani dhukkubsadhe Isatu na fayyisa."*** [Ashu'araa'i: 80].

Iisaafi haati isaa akka midhaan nyaatan Rabbiin nutti himee ni jedhe:

﴿مَّا ٱلْمَسِيحُ ٱبْنُ مَرْيَمَ إِلَّا رَسُولٌ قَدْ خَلَتْ مِن قَبْلِهِ ٱلرُّسُلُ وَأُمُّهُۥ صِدِّيقَةٌ كَانَا يَأْكُلَانِ ٱلطَّعَامَ ٱنظُرْ كَيْفَ نُبَيِّنُ لَهُمُ ٱلْآيَٰتِ ثُمَّ ٱنظُرْ أَنَّىٰ يُؤْفَكُونَ﴾ [المائدة: ٧٥]

***"Masiih Ilma Maryam ergamaa isa dura ergamoonni dabran malee homaa miti. Haati isaas akkaan dhugoomsituudha. Lamaanuu nyaata ni nyaatu turan. Akkamitti akka keeyyattoota ifa isaaniif taasifnu ilaali. Ergasii akkamitti akka isaan dhugaa irraa garagalan ilaali."*** [Almaa'idaa: 75].

Ammas Rabbiin ni jedhe:

﴿قُلْ فَمَن يَمْلِكُ مِنَ ٱللَّهِ شَيْـًٔا إِنْ أَرَادَ أَن يُهْلِكَ ٱلْمَسِيحَ ٱبْنَ مَرْيَمَ وَأُمَّهُۥ وَمَن فِى ٱلْأَرْضِ جَمِيعًا﴾ [المائدة: ١٧]

***"sila yoo Inni Masiih ilma Maryam, haadha isaatiifi namoota dachii irra jiran hunda balleesuu fedhe eenyutu Rabbirraa isin tiksa?' jedhiin."*** [Almaa'idaa: 17].

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿وَمَآ أَرْسَلْنَا قَبْلَكَ مِنَ ٱلْمُرْسَلِينَ إِلَّآ إِنَّهُمْ لَيَأْكُلُونَ ٱلطَّعَامَ

وَيَمْشُونَ فِي ٱلْأَسْوَاقِۗ وَجَعَلْنَا بَعْضَكُمْ لِبَعْضٍ فِتْنَةً أَتَصْبِرُونَۗ وَكَانَ رَبُّكَ بَصِيرًا ﴾ [الفرقان: ٢٠]

***"Siin durattis ergamoota irraa kan nyaata nyaataniifi magaalota keessa deeman taasifnee malee hin ergine; garii keessan gariidhaaf mokkoroo taasifne; ni obsituu? Gooftaan kee [waan hunda] argaadha."***(1) [Alfurqaan: 20].

Rabbiin ol ta'e waa'ee Nabiyyii keenyaa ﷺ ilaalchisee ni jedhe:

﴿ إِنَّكَ مَيِّتٌ وَإِنَّهُم مَّيِّتُونَ ﴾ [الزمر: ٣٠]

***"Dhugumatti, [Yaa Muhammad] ati ni duuta; isaanis ni du'u!"*** [Azzumar: 30].

Ammas ni jedhe:

﴿ وَلَا تَقُولَنَّ لِشَاْىْءٍ إِنِّي فَاعِلٌ ذَٰلِكَ غَدًا ﴿٢٣﴾ إِلَّآ أَن يَشَآءَ ٱللَّهُۚ وَٱذْكُر رَّبَّكَ إِذَا نَسِيتَ وَقُلْ عَسَىٰٓ أَن يَهْدِيَنِ رَبِّي لِأَقْرَبَ مِنْ هَٰذَا رَشَدًا ﴾ [الكهف: ٢٣]

***"Waan tokkollee 'Ani waan san boru hojjataadha' hin jedhin. 'Yoo Rabbiin fedhe' [jettu] malee."*** [Alkahf: 23].

Ammas Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

---

1 Yaa ergamichaa! Siin dura ergamaa kamuu nama nyaata nyaatuufi gabaa keessa deemu malee hin ergine. Ati kana keessatti ergamaa irraa isa jalqabaatii miti. Yaa namootaa! Garii keessan gariidhaaf durummaa, hiyyummaa, fayyaafi dhukkuba keessatti wal dhabsiisuudhaan mokkoroo gooneerra. Sila waan ittiin mokkoramtan kana irratti obsitanii Rabbiin obsa keessan irratti isin mindeessuu hin feetanuu? Rabbiin kee nama obsuufi hin obsine, nama isaan buluufi hin bulle kan argu ta›eera.

﴿قُلۡ إِنَّمَآ أَنَا۠ بَشَرٞ مِّثۡلُكُمۡ يُوحَىٰٓ إِلَيَّ أَنَّمَآ إِلَٰهُكُمۡ إِلَٰهٞ وَٰحِدٞۖ فَمَن كَانَ يَرۡجُواْ لِقَآءَ رَبِّهِۦ فَلۡيَعۡمَلۡ عَمَلٗا صَٰلِحٗا وَلَا يُشۡرِكۡ بِعِبَادَةِ رَبِّهِۦٓ أَحَدَۢا﴾ [الكهف: ١١٠]

***"Jedhi: 'ani namuma akka keessaniiti; haqaan gabbaramaan keessan gabaramaa tokkicha qofa ta'uu wahyiin gara kiyyatti godhama. Kanaaf namni Gooftaa isaatiin wal ga'uu sodaatu (kajeelu) dalagaa gaarii haa hojjatu; Gooftaa isaa gabbaruu keessattis eenyuunillee hin qindeessin."*** [Alkahf: 110].

Inumaayyuu akka nabiyyoonni gariin ummataan ajjeefaman Rabbiin nutti himeera:

﴿أَفَكُلَّمَا جَآءَكُمۡ رَسُولُۢ بِمَا لَا تَهۡوَىٰٓ أَنفُسُكُمُ ٱسۡتَكۡبَرۡتُمۡ فَفَرِيقٗا كَذَّبۡتُمۡ وَفَرِيقٗا تَقۡتُلُونَ﴾ [البقرة: ٨٧]

***"Sila dhawaata ergamaan waan lubbuun keessan hin feeneen isinitti dhufuun boontaniiti garii kijibsiiftanii garii ajjeeftuu?"*** [Albaqaraa: 87].

## Qabxii nuti irra geenye:

Rabbiin malee kadhachuun hin ta'u. Sababni isaas Rabbitu gooftaa waan hunda danda'uufi ittiin kophaa baheedha. Qaamni biraa isatti hin qindaa'u.

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿إِنَّ ٱلَّذِينَ تَدۡعُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ عِبَادٌ أَمۡثَالُكُمۡۖ فَٱدۡعُوهُمۡ فَلۡيَسۡتَجِيبُواْ لَكُمۡ إِن كُنتُمۡ صَٰدِقِينَ﴾ [الأعراف: ١٩٤]

***"Dhugumatti, isaan isin Rabbii gaditti gabbartan gabrootuma fakkii keessaniiti. Yoo kan dhugaa dubbattan taataniif mee isaan kadhaa isiniif haa owwaatanuu."*** [Al-A'araaf: 194].

Ammas Rabbiin ni jedhe:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ ضُرِبَ مَثَلٌ فَٱسۡتَمِعُواْ لَهُۥٓۚ إِنَّ ٱلَّذِينَ تَدۡعُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ لَن يَخۡلُقُواْ ذُبَابٗا وَلَوِ ٱجۡتَمَعُواْ لَهُۥۖ وَإِن يَسۡلُبۡهُمُ ٱلذُّبَابُ شَيۡـٔٗا لَّا يَسۡتَنقِذُوهُ مِنۡهُۚ ضَعُفَ ٱلطَّالِبُ وَٱلۡمَطۡلُوبُ﴾ [الحج: ٧٣]

***"Yaa namootaa! Fakkeenyi taasifameeraa isa dhaggeeffadhaa. Dhugumatti, isaan isin Rabbiin alatti kadhattan (gabbartan) odoo isaaf walitti qabamaniillee tisiisa tokko hin uumanu. Yoo tisiisni waan tokko isaan harkaa butes, waan san isa irraa buusuu hin danda'anu. Gabbaraafi gabbaramaan dadhabeera."*** [Alhajji: 73].

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿وَٱلَّذِينَ يَقُولُونَ رَبَّنَا ٱصۡرِفۡ عَنَّا عَذَابَ جَهَنَّمَۖ إِنَّ عَذَابَهَا كَانَ غَرَامًا﴾

[الفرقان: ٦٥]

***"[gabroonni Rabbii] warra 'yaa Gooftaa keenya! adabbii jahannamaa nurraa deebisi; dhugumatti adabbiin ishee kan nama irraa hin deemneedha' jedhaniidha."*** [Alfurqaan: 65].

## 5ffaa:

Rabbiin guddatee ol ta'e akka nabiyyoonni, ergamoonni

kabajamoon, gabroottan Rabbii gaggaariifi maleykonnillee dhimma isaanii hundaafi haala isaanii hunda keessatti Rabbiin malee hin kadhanne nutti hime. Isaan hordofuufi isaanitti hidhachuun dirqama ta'a.

Rabbiin ol ta'e nabi Yuunus irraa ogga inni garaa qurxummii keessa jiru nutti himee ni jedhe:

﴿وَذَا ٱلنُّونِ إِذ ذَّهَبَ مُغَٰضِبٗا فَظَنَّ أَن لَّن نَّقۡدِرَ عَلَيۡهِ فَنَادَىٰ فِي ٱلظُّلُمَٰتِ أَن
لَّآ إِلَٰهَ إِلَّآ أَنتَ سُبۡحَٰنَكَ إِنِّي كُنتُ مِنَ ٱلظَّٰلِمِينَ ٨٧ فَٱسۡتَجَبۡنَا
لَهُۥ وَنَجَّيۡنَٰهُ مِنَ ٱلۡغَمِّۚ وَكَذَٰلِكَ نُـۨجِي ٱلۡمُؤۡمِنِينَ﴾ [الأنبياء: ٨٧-٨٨]

***"Zannuuniin (Yuunusiin) yeroo inni dallanaa deemee, Nuti isa irratti dhiphisuu dhabuu yaade' [yaadadhu]. Dukkana keessaa "Si malee dhugaan gabbaramaan hin jiru. Ati qulqulloofte. Dhugumatti, ani miidhaa hojjataa irraa ta'een jira" [jechuun] lallabe. Isaaf owwaanne; cinqii irraas isa baraarre. Akka kanatti mu'uminoota nagaa baafna."*** [Al-Anbiyaa'i: 87-88].

Ammas Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿وَزَكَرِيَّآ إِذۡ نَادَىٰ رَبَّهُۥ رَبِّ لَا تَذَرۡنِي فَرۡدٗا وَأَنتَ خَيۡرُ ٱلۡوَٰرِثِينَ ٨٩
فَٱسۡتَجَبۡنَا لَهُۥ وَوَهَبۡنَا لَهُۥ يَحۡيَىٰ وَأَصۡلَحۡنَا لَهُۥ زَوۡجَهُۥٓۚ إِنَّهُمۡ
كَانُواْ يُسَٰرِعُونَ فِي ٱلۡخَيۡرَٰتِ وَيَدۡعُونَنَا رَغَبٗا وَرَهَبٗاۖ وَكَانُواْ لَنَا
خَٰشِعِينَ﴾ [الأنبياء: ٨٩ – ٩٠]

***"Zakariyyaas yeroo inni Gooftaa isaatti lallabee "Gooftaa***

***kiyya! Kophaa (ilma malee) ana hin dhiisin; Ati irra caalaa dhaaltotaati" jedhe [yaadadhu]. Kanaafuu isaaf owwaannee Yahyaas isaaf kennine. Niitii isaas [akka deessu] isaaf tolchine. Dhugumatti, isaan (nabiyyoonni) toltuu keessatti kan daddafan ta'anii kajeellaafi sodaan guutamanii kan Nu kadhataniifi Nu sodaatan ta'an."*** [Al-Ambiyaa'i: 89-90].

Rabbiin waa'ee nabiyyii isaa Ayyuub ogga inni isa kadhatu nutti himee ni jedhe:

﴿وَأَيُّوبَ إِذۡ نَادَىٰ رَبَّهُۥٓ أَنِّي مَسَّنِيَ ٱلضُّرُّ وَأَنتَ أَرۡحَمُ ٱلرَّٰحِمِينَ ٨٣ فَٱسۡتَجَبۡنَا لَهُۥ فَكَشَفۡنَا مَا بِهِۦ مِن ضُرّٖۖ وَءَاتَيۡنَٰهُ أَهۡلَهُۥ وَمِثۡلَهُم مَّعَهُمۡ رَحۡمَةٗ مِّنۡ عِندِنَا وَذِكۡرَىٰ لِلۡعَٰبِدِينَ﴾ [الأنبياء: ٨٣-٨٤]

***"Ayyuubiinis yeroo inni Gooftaa isaatti lallabee "ani dhugumatti, rakkoon na tuqeera; Ati irra rahmata godhaa warra rahmata godhaniiti" [jedhu yaadadhu]. Isaaf owwaannee cinqaa irraa waan isarra jiru irraa furre. Rahmata Nu biraa ta'eefi warra Rabbiin gabbaran yaadachisuuf jecha maatii isaatiifi fakkaataa isaaniis isaanii wajjin isaaf kennine."*** [Al-Ambiyaa'i: 83-84].

Ammas Rabbiin ni jedhe:

﴿ٱلَّذِينَ يَحۡمِلُونَ ٱلۡعَرۡشَ وَمَنۡ حَوۡلَهُۥ يُسَبِّحُونَ بِحَمۡدِ رَبِّهِمۡ وَيُؤۡمِنُونَ بِهِۦ وَيَسۡتَغۡفِرُونَ لِلَّذِينَ ءَامَنُواْ رَبَّنَا وَسِعۡتَ كُلَّ شَيۡءٖ رَّحۡمَةٗ وَعِلۡمٗا فَٱغۡفِرۡ لِلَّذِينَ

تَابُواْ وَٱتَّبَعُواْ سَبِيلَكَ وَقِهِمۡ عَذَابَ ٱلۡجَحِيمِ ٧ رَبَّنَا وَأَدۡخِلۡهُمۡ جَنَّٰتِ عَدۡنٍ ٱلَّتِي وَعَدتَّهُمۡ وَمَن صَلَحَ مِنۡ ءَابَآئِهِمۡ وَأَزۡوَٰجِهِمۡ وَذُرِّيَّٰتِهِمۡۚ إِنَّكَ أَنتَ ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡحَكِيمُ ﴾ [غافر: ٧-٨]

***"Isaan (malaykonni) Arshii baadhataniifi isaan maddii isaa jiranis Gooftaa isaanii faarsuun qulqulleessu; Isattis ni amanu; isaan amananiifis [akkana jechuun] araarama kadhatu: "Rabbii keenya! Ati rahmataafi beekumsaan waan hunda wal geessee jirta; kanaafuu isaan tawbataniifi karaa kee hordofaniif araarami. Adabbii jahiim irraas isaan tiksi. Yaa Rabbii keenya! Jannata qubannaa kan waadaa isaaniif galte isaan seensisi; akkasumas namoota toltuu hojjatan, kan abbootii isaanii, warra isaaniitiifi ilmaan isaanii irraa ta'anis [seensisi]. Dhugumatti, Ati sumatu injifataa, ogeessa."*** [Ghaafir: 7-8].

Sahiiha keessatti Ibn Abbaas irraa odeeffamee ﵄ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ guyyaa lola Badrii ni jedhan: "yaa Rabbi ani baallamaafi waadaa keetiinin si guya'a! Yaa Rabbi yoo fete hin gabbaramtu." Abuu Bakriin harka isaanii qabee "amma isin gaha" jedhe. "Gareen isaanii ni bittinnaa'a; boodattis ni deebi'u" jedhaa bahan.

Haafiz Fat-hii keessatti ni jedhe: Xabraanii keessa Ibn Mas'uud irraa sanada gaariidhaan gabaafamee ni jedhe: "nama tokkollee kan waan isa duraa bade argachuuf

gaafatu kan Muhammad ﷺ guyyaa Badrii Rabbii isaanii gaafatan (kadhatan) caalu hin dhageenye: "yaa Rabbi ani waan ati naaf wareegdeenin si guya'a' jedhan."

## 6ffaa:

uumamniifi wanti isa keessa jiru hunduu kan Rabbiiti. Harka isaa jira; to'annoo isaa jala jiras. Kanaafuu kan kadhatamuu qabu Isa qofa jechuudha. Mootummaan mootummaa Isaati. Uumamnis uumama Isaati. Ajajnis ajaja isaati.

Rabbiin ni jedhe:

﴿ٱلرَّحۡمَٰنُ عَلَى ٱلۡعَرۡشِ ٱسۡتَوَىٰ ۝٥ لَهُۥ مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِي ٱلۡأَرۡضِ وَمَا بَيۡنَهُمَا وَمَا تَحۡتَ ٱلثَّرَىٰ﴾ [طه: ٥- ٦]

***"Rahmaan Arshii irratti [ol ta'iinsa Isaaf malu] ol ta'eera. Wanti samii, dachiifi gidduu isaan lamaanii jiruufi wanti biyyee jala jiru hundi kan Isaati."*** [Xaahaa: 5-6].

Ammas Rabbiin ni jedhe:

﴿هُوَ ٱلَّذِي خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضَ فِي سِتَّةِ أَيَّامٖ ثُمَّ ٱسۡتَوَىٰ عَلَى ٱلۡعَرۡشِۚ يَعۡلَمُ مَا يَلِجُ فِي ٱلۡأَرۡضِ وَمَا يَخۡرُجُ مِنۡهَا وَمَا يَنزِلُ مِنَ ٱلسَّمَآءِ وَمَا يَعۡرُجُ فِيهَاۖ وَهُوَ مَعَكُمۡ أَيۡنَ مَا كُنتُمۡۚ وَٱللَّهُ بِمَا تَعۡمَلُونَ بَصِيرٞ﴾ [الحديد: ٤]

***"Inni Isa samiifi dachii guyyoota jaha keessatti uumee ergasii Arshii' irratti [ol ta'iinsa isaaf malu] ol ta'eedha.***

***Waan dachii keessa gadi seenuufi waan ishee irraa ba'u, waan samii irraa bu'uufi waan ishee keessa ol ba'us ni beeka. Inni eessallee yoo jiraattan isinii waliin jira. Rabbiin waan isin dalagdan hunda ni arga."*** [Alhadiid: 4].

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿إِن تَدْعُوهُمْ لَا يَسْمَعُوا۟ دُعَآءَكُمْ وَلَوْ سَمِعُوا۟ مَا ٱسْتَجَابُوا۟ لَكُمْ ۖ وَيَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ يَكْفُرُونَ بِشِرْكِكُمْ ۚ وَلَا يُنَبِّئُكَ مِثْلُ خَبِيرٍ﴾ [فاطر: ١٤]

***"Yoo isaan kadhattanis, kadhaa keessan hin dhagahan; odoo dhagahanis isiniif hin owwaatan. Guyyaa Qiyaamaas shirkii keessan ni mormu. [Yaa Muhammad!] Akka Rabbii keessa beekaatti homtuu siif hin odeessu."*** [Faaxir: 14].

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿ٱللَّهُ ٱلصَّمَدُ﴾ [الإخلاص: ٤]

***"Allaahn hirkoo hundaati."*** [Al-ikhlaas: 4].

Hirkoo jechuun kan uumamni hundi dhimmaaf gara isaatti dabu jechuudha.

## 7ffaa:

Rabbiin ol ta'e bakka gariitti nabiyyoonniifi ergamoonni Isaa isa kadhannaan isaan irraa akka qeebaluu dideefi fedhii isaanii isaaniif fiixaan hin baasin nutti himeera.

Waa’ee Nabiyyii keenyaa (s.a.w.) keessatti ni jedhe:

﴿ إِنَّكَ لَا تَهْدِي مَنْ أَحْبَبْتَ وَلَٰكِنَّ اللَّهَ يَهْدِي مَن يَشَاءُ ۚ وَهُوَ أَعْلَمُ بِالْمُهْتَدِينَ ﴾

[القصص: ٥٦]

***“Dhugumatti, ati nama jaallatte hin qajeelchitu. Garuu Allaahtu nama fedhe qajeelcha. Inni warra qajeelan beekaadha.”*** [Alqasas: 56].

Ammas ni jedhe:

﴿اسْتَغْفِرْ لَهُمْ أَوْ لَا تَسْتَغْفِرْ لَهُمْ إِن تَسْتَغْفِرْ لَهُمْ سَبْعِينَ مَرَّةً فَلَن يَغْفِرَ اللَّهُ لَهُمْ ۚ ذَٰلِكَ بِأَنَّهُمْ كَفَرُوا بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ ۗ وَاللَّهُ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الْفَاسِقِينَ ﴾

[التوبة: ٨٠]

***“Araarama isaaniif kadhadhus yookiin araarama isaaniif kadhachuu dhiisi; yoo yeroo torbaatama araarama isaaniif kadhattellee, Rabbiin isaaniif hin araaramu. Kun waan isaan Rabbiifi ergamaa Isaatti kafaraniifi. Rabbiin ummata finciltoota hin qajeelchu.”*** [Attawbaa: 80].

Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿ مَا كَانَ لِلنَّبِيِّ وَالَّذِينَ آمَنُوا أَن يَسْتَغْفِرُوا لِلْمُشْرِكِينَ وَلَوْ كَانُوا أُولِي قُرْبَىٰ مِن بَعْدِ مَا تَبَيَّنَ لَهُمْ أَنَّهُمْ أَصْحَابُ الْجَحِيمِ ﴾ [التوبة: ١١٣]

***“Nabiyyichaafi warra amananiif, mushrikootaaf odoo firoota dhihoo ta’anillee erga warra jahannam ta’uun ifa isaaniif ta’ee booda, araarama kadhachuun kan malu hin taane.”*** [Attawbaa: 113].

Waa'ee Ibraahiim irraa Rabbiin nutti himee ni jedhe:

﴿ وَمَا كَانَ ٱسْتِغْفَارُ إِبْرَٰهِيمَ لِأَبِيهِ إِلَّا عَن مَّوْعِدَةٍ وَعَدَهَآ إِيَّاهُ فَلَمَّا تَبَيَّنَ لَهُۥٓ أَنَّهُۥ عَدُوٌّ لِّلَّهِ تَبَرَّأَ مِنْهُ ۚ إِنَّ إِبْرَٰهِيمَ لَأَوَّٰهٌ حَلِيمٌ ﴾ [التوبة: ١١٤]

***"Araarama abbaa isaatiif kadhachuun Ibraahiimis waadattii ishee isaaf seene sana guutuu irraayyi malee waan biraa hin turre. Yeroma inni diina Rabbii ta'uun ifa isaaf ta'u isa irraa qulqullaa'e."*** [Attawbaa: 114].

Rabbiin waa'ee kanaa keessatti Ibraahiim irraa qeebaluu dhabuun beekamaadha.

Rabbiin waa'ee Nuuh ilaalchisees ni jedhe:

﴿ وَنَادَىٰ نُوحٌ رَّبَّهُۥ فَقَالَ رَبِّ إِنَّ ٱبْنِى مِنْ أَهْلِى وَإِنَّ وَعْدَكَ ٱلْحَقُّ وَأَنتَ أَحْكَمُ ٱلْحَٰكِمِينَ ﴿٤٥﴾ قَالَ يَٰنُوحُ إِنَّهُۥ لَيْسَ مِنْ أَهْلِكَ ۖ إِنَّهُۥ عَمَلٌ غَيْرُ صَٰلِحٍ ۖ فَلَا تَسْـَٔلْنِ مَا لَيْسَ لَكَ بِهِۦ عِلْمٌ ۖ إِنِّىٓ أَعِظُكَ أَن تَكُونَ مِنَ ٱلْجَٰهِلِينَ ﴿٤٦﴾ قَالَ رَبِّ إِنِّىٓ أَعُوذُ بِكَ أَنْ أَسْـَٔلَكَ مَا لَيْسَ لِى بِهِۦ عِلْمٌ ۖ وَإِلَّا تَغْفِرْ لِى وَتَرْحَمْنِىٓ أَكُن مِّنَ ٱلْخَٰسِرِينَ ﴾ [هود: ٤٥-٤٧]

***"Nuuh Gooftaa isaatti lallabee "Gooftaa kiyya! dhugumatti, ilmi kiyya maatii kiyya irraayi. Waadaan kee immoo dhugaadha. Ati irra haqa murteessaa abbootii murtiiti" jedhe. [Rabbiinis] "Yaa Nuuh! dhugumatti, inni maatii kee irraa miti. Inni hojii gaarii hin ta'iniidha. Kanaafuu waan beekumsa itti hin qabne na hin gaafatin. Ani akka ati wallaaltota irraa hin taanen si gorsa" jedhe. [Nuuhis] "Gooftaa kiyya! Ani waan beekumsa***

***itti hin qabne si gaafachuu irraa sittin maganfadha. Yoo Ati naaf araaramtee, rahmatas naaf hin godhin, warra hoonga'an irraan ta'a' jedhe."*** [Huud: 45-47].

Akkamumatti Rabbiin alatti waan biraa waammatu ree!

Mee waan guyyaa lola Uhudii ogga Muslimoonni hoggansa Ergamaa Rabbiitiin ﷺ mushrikootaan lolan ilaali. Muslimoonni tumsamuu fedhanii lolan. Garuu sababa baay'ee guutanus nasrii hin arganne. Rabbiin waa'ee ishee ilaalchisee suuraa Aali Imraan keessatti keeyyattoota baay'ee kan Muslimoota leenjisuufi kallattii isaan agarsiisuu qabdu buuseera. Nabiyyiin ﷺ odoo ofii waa gochuu danda'anii nasrii kana ofiif fidu turan.

Ammas waan guyyaa lola Siffiin Aliyyi bin Abuu Xaalib irraa argame ilaali. Garee isaan lolu injifachuuf yaalii godhee ture. Hanga danda'e qabsaa'e. Garuu kaayyoon isaa hin milkoofne.

Ammas mee waa'ee Huseen kana xinxali. Inniifi gareen baay'een maatii isaa irraa ta'an isaa wajjin jiran baay'ee lolanii of irraa deebisuuf yaalaniiru. Garuu ni ajjeefaman. Mataa isaatiifi maatii isaa irraa homaa deebisuu hin dandeenye.

Warri Aliyyiifi Huseeniin kadhatanu barumsa kana irraa eessa dhaqan? Isaanuu mataa ofii irraa deebisuu hin dandeenye yookiin murtii Rabbiin isaaniifi maatii isaaniitti murteesse

hambisuu hin dandeenye. Kun waan sammuun nama hundaa beekuudha. Eenyunuu jalaa miliquu hin danda'u. Waan qabatamaan argamaaru. Mormuun hin mijaa'u. Aliyyiifi Huseen yeroo rakkoo gara Rabbiitti deebi'anii Isa kadhatu. Warri jaalala isaanii himatanus kallattii isaanii deemuufi isaan hordofuun dirqama itti ta'a.

Nama garii jallinni daangaa itti taree mana Rabbii kabajamaa Ka'abaa bira taa'ee ogga ol ka'u 'yaa Aliyyi!' jedhe. Ogga kana beekaan wahii dhaga'ee akkana jedheen: "ati odoo mana nama wahii keessa jiraattee mana sana keessaa waa haajomtee nama ollaa deemtee kadhatta moo abbuma manaa sana kadhatta?" jedhe. Namichis 'abbuma mana sanaan kadha" jedhe.

Mee ilaali akka namichi sana mormuu dadhabee dhugaa mirkaneesse.

Kanaafuu Rabbiin ni jedhe:

﴿ أُوْلَٰٓئِكَ ٱلَّذِينَ يَدۡعُونَ يَبۡتَغُونَ إِلَىٰ رَبِّهِمُ ٱلۡوَسِيلَةَ أَيُّهُمۡ أَقۡرَبُ وَيَرۡجُونَ رَحۡمَتَهُۥ وَيَخَافُونَ عَذَابَهُۥٓۚ إِنَّ عَذَابَ رَبِّكَ كَانَ مَحۡذُورٗا ﴾ [الإسراء: ٥٧]

***"Warri isaan yaammatan sun eenyuu isaaniitu gara Rabbiitti irra dhihaataadhaan dhiheenya barbaadu[1]. Rahmata isaas***

---

1 Yaanni aayatichaa 'warri gara Rabbiitti irra dhiheenya qabanuyyuu dhiheenya barbaaduu! Warri biraa immoo sanaa ol Rabbirra barbaaduu qabu!' jechuudha.

***ni kajeelu. adabbii isaas ni sodaatu. Dhugumatti, adabbiin Rabbii keetii sodaatamaa ta'eera."*** [Al-Israa'i: 57].

Fakkeenya biraa kan namni hundi hubatun asitti ibsa. Fakkeenyaaf namni tokko Rabbiin isa duroomsee qabeenya baay'ee isaaf kennee inni immoo ilmaan baay'ee qaba; yeroo hunda ilmaan isaatiin ogga qarshii, nyaata yookiin huccuu feetan natti himaa jedha haa jennu. Ilmaan isaa kun isa homaa hin gaafatanu. Ollaa bira dhaqaniiti isaan gaafatu. Sila hojiin isaanii kun sammuudhaan wal ni simata moo gowwummaa isa sammuu faallessu? Kun uumama ilaalchiseeti. Kan Rabbii isa amala ol aanaa qabuu immoo akkam ta'a?

Gabrichi kamuu dhimma isaa bahuufi rakkoo isaa furuufii keessatti gara Rabbii isa uumeefi to'ataa isaa ta'ee deebi'uu qaba.

Namoonni gariin Rabbii gaditti isaan kadhachuuf jecha mu'ujizaa nabiyyootaa ragaa godhachuun ni mala. Fakkeenyaaf Muusaan (as) dhagaa rukunnaan bishaan irraa baha ture. Iisaan immoo du'aa kaasa; jaamaafi lamxii fayyisa ture.

# Deebiin kanaa

3

**Tokkoffaa:** Mu'ujizaan kun hunduu Rabbi biraayyi.

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿وَرَسُولًا إِلَىٰ بَنِيٓ إِسۡرَٰٓءِيلَ أَنِّي قَدۡ جِئۡتُكُم بِـَٔايَةٖ مِّن رَّبِّكُمۡ أَنِّيٓ أَخۡلُقُ لَكُم مِّنَ ٱلطِّينِ كَهَيۡـَٔةِ ٱلطَّيۡرِ فَأَنفُخُ فِيهِ فَيَكُونُ طَيۡرَۢا بِإِذۡنِ ٱللَّهِۖ وَأُبۡرِئُ ٱلۡأَكۡمَهَ وَٱلۡأَبۡرَصَ وَأُحۡيِ ٱلۡمَوۡتَىٰ بِإِذۡنِ ٱللَّهِ﴾ [آل عمران: ٤٩].

***"ani dhugumatti Gooftaa keessan irraa raajiidhaanan isinitti dhufe. Ani dhoqqee irraa waan akka allaattiin isiniif uuma; isa keessattis nan afuufa; eeyyama Rabbiitiin allaattii ta'a. Eeyyama Rabbiitiin jaamaafi lamxii nan fayyisa. Eeyyama Rabbiitiin du'aas nan jiraachisa."*** [Aali Imraan: 49].

Dirqamni gabricha irra jiru Rabbii isa raajii kana nabiyyootaaf [as] kenne kadhachuudha.

**Lammaffaa:** Nabiyyoonni kun akkuma keeyyattoolee tare keessatti ibsine Rabbiin kadhatu turan. Kan nurra jiru isaanitti hidhachuudha. Isaan hidhannoo gaariidha waan ta'aniif.

**Sadaffaa:** Ragooleen taran kana dhorguu keessatti ifaadha. Kan barbaachisu waanuma namni danda'u keessattu jalqaba Rabbiin kadhachuudha.

Abuu Ja'afar Muhammad Albaaqir irraa akka odeeffametti ni jedhe: namni dhimmi wahii gara uumamaatti isa geessite Rabbiin haa eegalu.[1]

## 8ffaa:

Rabbiin ol ta'e akkuma gabroonni isaa Isa waammachuu ajajeefi kan biraa waammachuu dhorge jarri isa waammachuu, isa birmachiifachuufi dhimma isaanii hunda keessatti gara Isaatti deebi'uu jaalata. Du'aa'iin ibaadaa Rabbiin jaalatuudha. Namni Rabbiin kadhatu waan Rabbiin jaalatuufi gara Rabbiitti dhiheessu hojjateera. Ragaan kanaa hadiisa Qudsii[2] hadiisa guddaa ta'eedha: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan:

«يَنْزِلُ رَبُّنَا تَبَارَكَ وَتَعَالَى كُلَّ لَيْلَةٍ إِلَى السَّمَاءِ الدُّنْيَا حِينَ يَبْقَى ثُلُثُ اللَّيْلِ الآخِرُ يَقُولُ: مَنْ يَدْعُونِي، فَأَسْتَجِيبَ لَهُ مَنْ يَسْأَلُنِي فَأُعْطِيَهُ، مَنْ يَسْتَغْفِرُنِي فَأَغْفِرَ لَهُ»

**"Rabbiin keenya halkan hundaa gara samii addunyaa bu'ee 'eenyutu na kadhannaan isaaf owwaadha?**

1 Kitaaba "warra Rabbiin birmachiifatanii" kan Ibn Shakwaal Fuula 68.
2 Hadiisa qudsii jechuun haasawa Qur›aana hin taane kan Rabbiin kallattii Jibriiliin nabi Muhammaditti ﷺ dubbate jechuudha.

**Eenyutu na gaafannaan isaaf kenna? Eenyutu araarama na gaafannaan isaaf araarama?' jedha."**

Hadiisni kun sahaabota baay'ee irraa gabaafameera. Inni sahiihaynii, sunanaafi musnada keessa ni jira. Inni hadiisa sahiiha mutawaatira. Daaraquxniin isa ilaalchisee barruu tokko qaba.

Ilaali mee arjooma Rabbii kana. Akka Rabbiin gabroota isaa isa kadhachuutti kakaasu ilaali. Kun immoo halkan hunda. Rabbiin isaan irraa dureessa. Gabrichi arjooma Rabbii guddaa kana booji'atuu qabu. Kanaafuu kadhaa Isaa baay'isuu qaba. Kanaan bal'ina qomaafi dabalata iimaanaa argata.

Rabbiin ni jedhe:

﴿وَسۡـَٔلُواْ ٱللَّهَ مِن فَضۡلِهِۦٓۚ إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ بِكُلِّ شَيۡءٍ عَلِيمٗا﴾ [النساء: ٣٢]

***"Tola Isaa irraa Rabbiin kadhaa. Dhugumatti Rabbiin waan hunda beekaadha."*** [Annisaa'i: 32].

Abuu Zarri Alghifaarii irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Nabiyyiin ﷺ waan Rabbii isaanii irraa odeessan keessatti ni jedhan: **"yaa gabroottan koo ani miidhaa of irratti haraama godheera. Jidduu keessanittis haraama taasiseera. Kanaafuu wal hin miidhinaa. Yaa gabroottan koo nama ani qajeelche malee hundi keessanuu**

**jalloodha. Kanaafuu qajeeluma narra barbaadaa isinin qajeelcha. Yaa gabroottan koo nama ani nyaachise malee hundi keessanuu beela'oodha. Soorata na biraa barbaadaa isinin soora. Yaa gabroottan koo nama ani uffise malee hundi keessanuu daaraadha (huccuu dhabaadha). Kanaafuu huccuu narra barbaadaa isinin uffisa."** Muslimtu gabaase.

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"nama Rabbiin hin kadhanne Rabbiin isarratti dallana."** Ibn Maajaatu gabaase.

Hadiisa kana beektotiin gariin jabeessaniiru. Hadiisichi da'iifummaa ni qaba. Garuu ragaaleen Qur'aanaafi hadiisaa kana deeggara. Namni tasumatti dhimma isaa kam keessattuu Rabbiin hin kadhanne, Rabbiin ol ta'e isarratti dallanuun shakkii hin qabu. Inni Rabbiin gooftaa kadhatamu waan hin taasifatiniif. Du'aa'ii keessa waajibni ni jira.

Fakkeenyaaf qajeeluma kadhachuu:

﴿ ٱهۡدِنَا ٱلصِّرَٰطَ ٱلۡمُسۡتَقِيمَ ﴾ [الفاتحة: ٦]

*"gara karaa sirriitti nu qajeelchi."* [Alfaatihaa: 6].

Araarama Rabbiin kadhachuu. Fakkeenyaaf du'aa'ii sujuuda lamaan jidduuti.

Beektoleen gariin hiika kana walaloon kaa'aniiru:

Rabbiin yoo kadhaa isaa dhiifte ni dallana Ilmaan Aadam immoo yoo kadhatan dallana.

## 9ffaa:

Akkuma ragaaleen Qur'aanaafi hadiisaa waan Rabbiin malee jiru kadhachuun dhorgaa ta'uu akeekte, uumamni namaas sanuma akeeka. Sababni isaas Rabbiin namoota hundaawuu yeroo cinqiifi rakkoon argamu gara Isaatti deebi'uufi isa kadhachuu irratti uume. Kun uumama nama hundaa keessatti kaafirootallee dabalatee ni argama.

Rabbiin mushrikoota irraa dubbatee ni jedhe:

﴿ هُوَ ٱلَّذِى يُسَيِّرُكُمْ فِى ٱلْبَرِّ وَٱلْبَحْرِ ۖ حَتَّىٰٓ إِذَا كُنتُمْ فِى ٱلْفُلْكِ وَجَرَيْنَ بِهِم بِرِيحٍ طَيِّبَةٍ وَفَرِحُوا۟ بِهَا جَآءَتْهَا رِيحٌ عَاصِفٌ وَجَآءَهُمُ ٱلْمَوْجُ مِن كُلِّ مَكَانٍ وَظَنُّوٓا۟ أَنَّهُمْ أُحِيطَ بِهِمْ ۙ دَعَوُا۟ ٱللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ ٱلدِّينَ لَئِنْ أَنجَيْتَنَا مِنْ هَٰذِهِۦ لَنَكُونَنَّ مِنَ ٱلشَّٰكِرِينَ ﴾ [يونس: ٢٢]

***"Inni Isa dachiifi bishaan keessa isin deemsisuudha. Yeroo dooniiwwan keessa taatanii qilleensa gaarii keessa isaaniin deemanii, isheetti gammadan, qilleensi bubbisaan isaanitti dhufa; danbaliiniis bakka hunda irraa isaanitti dhufa; marfamnees yaadu. "Yoo Ati [balaa] kana irraa nagaa nu baafte, nuti dhugumatti, warra galateeffatan***

***irraa taana" jedhaa ibaadaa Isaaf qulqulleessanii Rabbiin qofa kadhatu."*** [Yuunus: 22].

Ammas waa'ee isaanii keessatti Rabbiin ni jedhe:

﴿وَإِذَا مَسَّكُمُ ٱلضُّرُّ فِي ٱلۡبَحۡرِ ضَلَّ مَن تَدۡعُونَ إِلَّآ إِيَّاهُۖ فَلَمَّا نَجَّىٰكُمۡ إِلَى ٱلۡبَرِّ أَعۡرَضۡتُمۡۚ
وَكَانَ ٱلۡإِنسَٰنُ كَفُورًا﴾ [الإسراء: ٦٧]

***"Yeroo rakkoon wahii galaana keessatti isin tuqe, Isa malee namoonni isin kadhachaa turtan hundi ni badu. Yeroma Inni gara dachiitti isin baase Isa irraa gara galtan. Namni akkaan kafaraa ta'eera."*** [Al-Israa'i: 67]

Bineensonnillee uumama isaaniitiin gara Rabbiitti deebi'oodha.

Rabbiin waa'ee aduddee Suleymaan dubbatee ni jedhe:

﴿فَمَكَثَ غَيۡرَ بَعِيدٖ فَقَالَ أَحَطتُ بِمَا لَمۡ تُحِطۡ بِهِۦ وَجِئۡتُكَ مِن سَبَإِۭ بِنَبَإٖ
يَقِينٍ ٢٢ إِنِّي وَجَدتُّ ٱمۡرَأَةٗ تَمۡلِكُهُمۡ وَأُوتِيَتۡ مِن كُلِّ شَيۡءٖ وَلَهَا عَرۡشٌ
عَظِيمٞ ٢٣ وَجَدتُّهَا وَقَوۡمَهَا يَسۡجُدُونَ لِلشَّمۡسِ مِن دُونِ ٱللَّهِ وَزَيَّنَ لَهُمُ ٱلشَّيۡطَٰنُ
أَعۡمَٰلَهُمۡ فَصَدَّهُمۡ عَنِ ٱلسَّبِيلِ فَهُمۡ لَا يَهۡتَدُونَ﴾ [النمل: ٢٢-٢٤]

***"[Yeroo hanga] fagoo hin taane turee ni jedhe: "waan ati hin barin bareera. Saba'i irraa oduu dhugaa ta'een sitti dhufeera. Ani Dubartii isaan bulchitu kan waan hunda kennamte, isheedhaaf sireen guddaan jirun arge. Isheefi ummata ishee kan Rabbii gaditti Aduuf sagadanin arge.***

***Sheyxaanni dalagaa isaanii isaaniif miidhagsee karaa [qajeelaa] irraa isaan deebise. Isaan hin qajeelanu.”*** [Annaml: 22-24]

Simbira kana mee akka inni hojii warra waan Rabbiin malee jiru gabbaranuu kana morme ilaali. Sababni isaas inni uumama Rabbiin uumama hunda namoota, jinnoota, waan dubbatuufi hin dubbannellee irratti uume waan ta’eef.

## 10ffaa:

Akkuma sharii’aafi uumamni kana akeeke sammuunillee kana akeeka. Kana dubbannee dabarsineerra. Namni kamuu wanti kadhatamaaru kun uumamuufi nama ta’uu keessatti akkuma isaatii ni beeka. Egaa akkamumatti Rabbii gaditti isaan birmachiifatee gara isaaniitti hirkata? Akkamumatti fayyuufi soorata kennuu isaan irra barbaada?

Rabbiin ol ta’e waa’ee Nabiyyii ﷺ keessatti ni jedhe:

﴿قُلْ إِنَّمَآ أَنَا۠ بَشَرٌ مِّثْلُكُمْ يُوحَىٰٓ إِلَيَّ أَنَّمَآ إِلَٰهُكُمْ إِلَٰهٌ وَٰحِدٌ ۖ فَمَن كَانَ يَرْجُوا۟ لِقَآءَ رَبِّهِۦ فَلْيَعْمَلْ عَمَلًا صَٰلِحًا وَلَا يُشْرِكْ بِعِبَادَةِ رَبِّهِۦٓ أَحَدًۢا﴾ [الكهف: ١١٠]

***“Jedhi: “Ani namuma akka keessanii kan haqaan gabbaramaan keessan gabaramaa tokkicha qofa ta’uu wahyiin gara kiyyatti godhamuudha. Kanaaf namni Gooftaa isaatiin wal ga’uu sodaatu (kajeelu) dalagaa***

***gaarii haa hojjatu; Gooftaa isaa gabbaruu keessattis eenyuunillee hin qindeessin."*** [Alkahf: 110].

Ammas Rabbiin ni jedhe:

﴿قَالَتْ لَهُمْ رُسُلُهُمْ إِن نَّحْنُ إِلَّا بَشَرٌ مِّثْلُكُمْ وَلَٰكِنَّ ٱللَّهَ يَمُنُّ عَلَىٰ مَن يَشَآءُ مِنْ عِبَادِهِۦ ۖ وَمَا كَانَ لَنَآ أَن نَّأْتِيَكُم بِسُلْطَٰنٍ إِلَّا بِإِذْنِ ٱللَّهِ ۚ وَعَلَى ٱللَّهِ فَلْيَتَوَكَّلِ ٱلْمُؤْمِنُونَ﴾ [إبراهيم: ١١]

***"Ergamoonni isaanii isaaniin ni jedhan: "Nuti nama akka keessanii malee homaa hin taane. Garuu Rabbiin gabroota Isaa irraa nama fedhe irratti tola oola. Nuti hayyama Rabbiitiin ala taaytaa (ragaa) tokkoonis isinitti dhufuun nuuf hin taane. Mu'uminoonni Rabbirratti qofa haa hirkatanu."*** [Ibraahiim: 11].

Aayanni:

﴿ إِنَّ ٱلَّذِينَ تَدْعُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ عِبَادٌ أَمْثَالُكُمْ ۖ فَٱدْعُوهُمْ فَلْيَسْتَجِيبُوا۟ لَكُمْ إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ ﴾[الأعراف: ١٩٤]

***"warri isin Rabbii gaditti gabbartan gabroottan fakkii keessaniiti"*** jedhu [Al-A'araaf: 194] tareera.

Waanuma gabroonni danda'anuufi hojjachuun isaaniif mijaa'u keessattuu Rabbiin kadhachuufi gara namaa millachuu dhiisuutu jaalatama. Garuu wanti nama gaddisiisu namni tokko yeroo rakkoon isa mudate osoo ofii Qur'aanaan of hin waldhaanin nama isa waldhaanu

bira deema. Kan isarraa barbaadamu jalqaba ofii isaatii Qur'aanaan of wallaanuudha. Muslimni kamuu, Alhamdu lillaah, Alfaatihaa, aayatal Kursiyyii, mu'awwazatayniifi kkf of irratti qara'uu danda'a.

Namni tokko ofii isaatiif yeroo of irratti qara'u ruqaa qara'uuf ni qabsaa'a; qalbii irraa fuudhee qara'eeti Rabbiin walitti hidhama. Kanatu qeebalamuutti irra dhihoodha. Namoota baay'eetu ruqaa ofitti qara'ee Rabbiin isa fayyise.

Ammas fakkeenya kanaa irraa tokko namoonni gariin yeroo hojii barbaadan simaabaloo barbaacha ka'u. Abaluufi abaluun dubbachuutti seena. Akka Rabbiin hojii kana isaaf laaffisu jalqaba Isa hin kadhatu. Bakka kanatti seenaa qabatamaa kan raabsaa Qur'aana kabajamaa irraa dhaga'en dubbadha. Namni tokko hojii barbaadee gara nama dhimmi sun ilaallatuu deeme. Homaa gara isaa hin millanne. Dachiin isatti dhiphattee gara beekaa wahii dhaqee jaarsummaa isa gaafate. Beekaan sunis jalqaba gara Rabbiitti deebi'uu isa akeeke. Isa gorse. Fajrii dura ka'ee salaatee Rabbiin kadhate. Sana booda deebi'ee warra duraan hojii barbaacha bira dhaqe sana bira dhaqe. Hojii kana argachuun isaaf laafte. Warra inni jalqaba bira dhaqee isa millachuu dide keessaa tokko 'ati eessa?' jedhee keessummeesse.

Inumaa namni gariin du'aa'ii ofii isaatii gochuu keessatti namni biraa isaaf kadhachuu barbaada.

Rabbiin ol ta'e immoo ni jedhe:

﴿وَقَالَ رَبُّكُمُ ٱدۡعُونِيٓ أَسۡتَجِبۡ لَكُمۡۚ﴾ [غافر: ٦]

***"Rabbiin keessan na kadhaa isiniifin owwaadha jedha."*** [Ghaafir: 6].

Ammas Rabbiin ni jedhe:

﴿وَإِذَا سَأَلَكَ عِبَادِي عَنِّي فَإِنِّي قَرِيبٌۖ أُجِيبُ دَعۡوَةَ ٱلدَّاعِ إِذَا دَعَانِۖ فَلۡيَسۡتَجِيبُواْ لِي وَلۡيُؤۡمِنُواْ بِي لَعَلَّهُمۡ يَرۡشُدُونَ﴾ [البقرة: ١٨٦]

***"Yeroo gabroonni kiyya Ana irraa si gaafatan "dhugumatti, Ani isaanitti dhihoodha. Kadhaa kadhataatiif yeroo inni na kadhate nan owwaadha Akka qajeelaniif jecha naaf haa owwaatanu; nattis haa amananu." [jedhi]***. [Albaqaraa: 186].

Salafa tokko Asbagh bin Zayd Alwarraaq jedhamu irraa gabaafamee ni jedhe: "aniifi namoonni na bira turan guyyaa sadiif osoo nyaata hin nyaatin turre. Gara intala kiyya ishee xiqqootti baanaan yaa abbaa kiyya beela'e jette. Ishee dhiiseen bakka wuduu dhaqee wuduu'adhee raka'aa lama salaate. Du'aa'ii gochuufin harka kiyya diriirse. Du'aa'iin duraan sirriitti beekun dagachiifame. Achumaanin 'yaa Rabbi yoo soorata na dhorgattellee du'aa'ii irraa na hin hoongessin" n jedhe.

Achumaan jecha kana barsiifame:

"اللهم خشعت الأصوات لك، وضلت الأحلام فيك، وضاقت الأشياء دونك، وهرب كل شيء منك إليك، وتوكل كل مؤمن عليك، فأنت الرفيع في جلالك، وأنت البهي في جمالك، وأنت العلي في قدرك، يا من هو في علوه دان، وفي دونه عال، وفي سلطانه قوي صل على محمد وعلى آل محمد وافتح عليّ منك رزق، لا تجعل عليّ فيه منّة، ولا لك علي فيه في الآخرة تبعة، برحمتك يا أرحم الراحمين".

*"yaa Rabbi sagaleewwan siif gadi jette. Obsi si keessatti dhume. Wantoonni gara keetti dhiphatte. Wanti hunduu sirraa gara keetti baqate. Mu'uminni hunduu sirratti hirkate. Ati guddina kee keessatti ol taateetta. Bareeduma keessattis daangaa geesse. Kabaja kee keessattis ol taateetta. Yaa Rabbiin ol ta'uu waliin nutti dhihoo! Dhihaachuu waliinis ol ta'aa! Mootummaa isaa keessatti cimaa taate! Muhammadiifi maatii Muhammad irratti rahmata buusi. Soorata si biraa ta'e narratti buusi. Dhaaddachuu isa keessa naaf hin kaa'in. Aakhiraattis komii kee natti hin taasisin. Yaa Rabbii hundarra mararfattu!" ergasii gara manaan deebi'e. Oggas intalli kiyya isheen guddoon natti dhuftee "yaa abbaa kiyya wasiilli kiyya birrii qarxiixii kana fideera. Isa waliin daakuu baata. Isa waliin waan gabaa keessa jiru hunda baata. Ni jedhes: 'obboleessa kiyyatti salaamtaa naa geessisaa. Yeroo waa haajomte du'aa'ii kana kadhu dhimmi kee siif baha jedhaanii."*

Asbagh ni jedhe: **“wallaahii ani obboleessa hin qabu. Eenyu akka kana dubbates hin beeku. Garuu Rabbiin waan hundaa danda’aadha. Faaruun kan Rabbii Gooftaa aalamaati.”**[1]

Bakka kanatti iddoon xinxaluu qabnu namichi kun gara Rabbii isaatti deebi’ee raka’aa lama salaatee harka Rabbii isaatti diriirse. Furmaanni ariitiidhaan Rabbiin biraa dhufeef.

Kan armaan gadii seenaa Abuu Muhammad Ibn Hazm dubbate. Isheenis abbaa isaa Ibn Hazm irratti uumamte. Inni biyya Ondolos keessatti mootii wahii Almansuur bin Abii Aamiriif ministeera ture. Isheen oduu dhugaati. Ibn Hazm ni jedhe: Hishaam bin Muhammad abbaa isaa irraa naaf odeesse: osoo Almansuur Abii Aamir Muhammad bin Abii Aamir ummata waliin taa’aa jiruu haadha nama wahii kan mootichi sababa badii guddaa hojjachuutiin itti dallanee qabee hidhe irraa waraqanni mucichaaf garaa laafuu gaafatu isatti kennamte. Yeroma ishee dubbisu baay’ee dallane. “Wallaahii na yaadachiiftaniittu” jedhee mallateessuuf qalama fudhatee ‘haa fannifamuu’ barreessuu fedhee ‘haa lakkifamuu’ barreesse. Barreeffamicha gara ministeeraatti kenne. Abbaan kee qalama fuudhe. Waraqaas fuudhee bifa mallatochaatiin poolisiitti barreessuu eegale.

1 Kitaaba Birmachiifannaa 63 kan Ibn Bashkaal.

Ibn Abii Aamir “maal barreessaarta?” jedhee isa gaafate. “Akka inni lakkifamuufi” jedhe. Isa deebisee “eenyu kanatti si ajaje?” jedhe waraqacha fuudhee ilaalee “nan dogongore” jedhee waraqaa biraa fuudhee “haa fannifamuu” barreessuu fedhee “haa lakkifamuu” barreesse. Abbaan kee waraqaa fuudhee yeroo mallatocha argu waanuma eegale sana “haa lakkifamuu” barreesse. Abuu Mansuur yeroma isa ilaalu “maal barreessaarta?” jedhe. “Namicha lakkisuudha” jedhe. Dallansuu isa duraa caalu dallanee “eenyu kanatti si ajaje?” jedhe. Waraqaa isatti kenninaan barreeffama isaa ilaalee “haa fannifamuu” barreessuu fedhee “haa lakkifamuu” barreesse. Abbaan kee waraqaa fuudhee haala mallatichaatiin barreessuuf waan jalqabe kana itti fufe. “Maal barreessaarta?” jedheen. “Akka namichi lakkifamu” jedhe. Dubbiin kun sadeessaa ta’e. Yeroo kana argu ni dinqisiifate. Ni jedhes: “ani fedhuu baadhus ni lakkifama. Nama Rabbiin isa lakkisuu fedhe ani ajjeesuu hin danda’u.”[1]

Mee hojii mootichaa ilaali. Yoo hanga fedhe ta’aabes yeroo sadii “haa fannifamuu” barreessuu fedhee Rabbiin isaaf mijeessuu dide. Silatti sana barreessuu ni danda’a ture. Garuu Rabbiin qubee harkaa jijjiiree bakka “haa fannifamuu” “haa lakkifamuu” barreesse. Yeroo dhumaa

1 Imaam Ibn Hazm Azzaahirii fuula 80.

irratti dammaqee akka inni lakkifamu ajaje. “Nama Rabbiin haa lakkifamuu fedhe ani ajjeesuu hin danda’u” jedhe.

Rabbiin ni jedhe:

﴿أَنَّ ٱللَّهَ يَحُولُ بَيۡنَ ٱلۡمَرۡءِ وَقَلۡبِهِۦ﴾ [الأنفال: ٢٤]

***“Dhugumatti Rabbiin giddu namichaatiifi onnee isaa akka golguufi isinis gara Isaatti kan walitti qabamtan ta’uu beekaa.”*** [Al-Anfaal: 24].

Haati nama kanaa Rabbiin kadhannaan Rabbiin du’aa’ii ishee qeebale.

Abul Abbaas Ahmad bin Abdul Haliim ni jedhe: “dhimma addunyaa waan hojjachuun uumama irratti dirqama hin taane isaan kadhachuun waajibaa miti; jaalatamaas miti. Kan barbaachisu Rabbiin kadhachuu, isa kajeeluufi isarratti hirkachuudha. Nama kadhachuun bu’uurri isaa haraama. Rakkoodhaaf eeyyamame. Rabbirratti hirkatanii dhiisuun immoo caalaa ta’a.

Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿فَإِذَا فَرَغۡتَ فَٱنصَبۡ ٧ وَإِلَىٰ رَبِّكَ فَٱرۡغَب﴾ [الشرح: ٧-٨]

***“Yeroo [dalagaa wahii] raawwatte jabaadhu. Gara Gooftaa keetii qofa kajeeli.”*** [Asharhi: 7-8].

Rabbiin kajeeli malee waan biraa irraa hin kajeelin

jechuudha." Rabbiin haqa nu haa qunnamsiisu.

**Kan dubbate Sheykh Abdullaah bin Abdurrahmaan Assa'ad**

Kan barreesse Sa'ad bin Muhammad Alqahxaanii

Zulqa'adaa 24, bara 1427 ALH

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

Guidetolslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126

# BURHAAN

## Ragaa Rabbiin Kadhachuun Dirqama Ta'uu

Kitaaba kana keessatti kadha (du'aa'ii) Rabbuma qofaaf qulqulleessuun akka barbaachisuutu dubbatame. Kanarrati Ragaan qur'aanaafii hadiirraayis dhihaatee jira.




IslamHouse.com